Beeksisa Qacarrii Barsiisotaa MBIBBA Amboofi MBIBBA Nageellee

Barsiisonni pirofaayiloota kanaa gadii guuttan ragaalee barbaachisoo ta'an qabachuun iddoofi guyyoota kanaan gaditti eeramanitti qaamaan argamuun galmaa'uu nidandeessu

Pirofaayiliifi Ulaagaalee Qaxarrii Barsiistotaa

Barsiisonni manneen barnootaa bultii addaa keessatti qacaraman qophaa'ummaa barnoota isaaniitiin digrii 2ffaa qabaatanii piroofaayilii asiin gadii qabaachuu qabu:

A. Ogummaa barsiisummaafi hoggansa daree barnootaa qabaachuu;
B. Dandeettii barattoota barnootaaf kakaasuufi sissi'eessuu qabaachuu;
C. Muuxannoo hojii barsiisummaa manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa waggaa shaniifi ol qabaachuu,
D. Seen-duubee hojii gaarifi faayila qulqulluu ta'e qabaachuufi hanqina naamusaafi araada adda addaa irraa bilisa ta'uu ;
E. Bu'aa qabeessummaa hojiifi gumaacha mana barumsaa keessatti taasiseef ragaa qabatamaafi naamusa gaarii qabaachu isaa mana barumsaafi waajjiira barnootaa irraa dhiyeessuu kan danda'u/ssu;
F. Dandeettii Afaan Oromoofi Afaan Ingiliffaa (dubbisuu, barreessuu, dubachuu fi dhageeffachuu) ol'aanaa qabaachuu;
G. Naamusa ogummaa, waliigalteen hojjechuu, kabaja sonaafi aadaa Oromoo qabaachuu;
H. Dandeettii bu'uuraa kompitaraa (Basic computer skills) qabaachuu;
I. Sadarkaa barumsaa digrii jalqabaaf isaa ol kan qaban ta'ee, qabxii waliigalaa (CGPA) digirii jalqabaa dhiiraaf 3.00 fi dubartootaaf 2.75 isaa ol. Digrii 2ffaa dhiiraaf 3.4 dubartootaaf 3.25 ta'ee, qabxii qorannoo/research/ isaani gaarii (good)fi isaa ol;
J. Gosti barnootaa digrii duraafi 2ffaa hariiroo olee kan qabu ta'uu qaba (digirii jalqabaafi 2ffaa tokko ta'uu qaba;
K. Qabxii madaala raawwii hojii waggaa lamaa waliitti aananiin (kan dhihoo) 90 ol kanqabu;
L. Barsiistonni qormaata eeyyama ogummaa darban ni jajjabeeffamu.

Hubachiisa:

1. Guyyaan galmee : **14- 28/01/2016tti** (guyyoota hojiitti)
2. Mindaan : Mindaa isa amma isaanii kafalamaa kan jiru ta'ee 'top up' fi faayidaalee MBIBBAtiif eeyyamame **kan dabalatu** ta'a
3. Iddoon galmee: MBIBBA Amboofi MBIBBA Nageellee ta'u.
4. Guyyaafi iddoo qorumsaaa: warra calallii darbaniif teelegraamaafi bilbilaan nibeeksifama.
5. Galmaa'uu kan danda'amu MBIBBA lameen keessaa isa tokko irratti qofadha.

Ragaalee Galmeef Barbaachisan:

1. Sartifikeetafi ragaa barnootaa (student copy) digirii 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} koopii tokkotokko orjinaalaa waliin; orjinaalli footoo koppii waliin walbiraa qabamee erga ilaalamee booda innasuu kan deebi'udha..
2. Ragaa bara qaxarrii, bara tajaajilaa, muuxannoo hojii mana barumsaa Sad. 2^{ffaa}, qabxii madaallii waggaa lamaa (kan dhihoo) ibsu warqaa tokko irratti.
3. Waraqaa ragaa namuusa gaarii qabaachuu kan ibsu fuula tokkoirratti.
4. Waraqaa ragaa eeyyama barsiisummaa kan ibsu koppii tokko.
5. Sartifikeeta leenjii kompiitaraa qabaachuu kan ibsu koppii tokko.

Baay'ina Barsiisota MBIBBA Qacaramuu Qaban

T.L	Gosa Barnootaa	Sad.Barnootaa	Baay'ina Bars. Qacaramuu Qaban		Yaada
			BMIBBA Amboo	BMIBBA Nageellee	
1	English	MA	2	0	
2	Herrega	MSc	2	0	
3	Fiiziksii	MSc	2	1	
4	Keemistirii	MSc	2	1	
5	Baayoloojii	MSc	1	1	
6	Ji'ograafii	MA	1	0	
7	Seenaa	MA	1	0	
8	ICT	MSc	1	0	
9	HPE	MSc	1	1	
10	Ikonomiksii	MA	2	1	
11	Agriculture	MSc(Hub. ilaalaa)	1	1	
12	Afaan Oromoo	MA	1	0	
13	Keemistirii Lab.	Dippiloomaafi isaa ol	0	1	
Ida'ama			17	7	

Hubachiisa:- Gosa barnootaa 'Agriculture' isa jedhurratti gosoota barnootaa 'Biology, Environmental Science, Natural Resource, Botany, Zoology, Microbiology and other related fields' tiin warri MSc qaban dorgomuu nidanda'u.